Biiroo Barnootaa Bul.Magaalaa Finfinneetti

Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 4ffaa Sam.2ffaa



Barannoo 20ffaa

BOQONNAA 14.ABBABEECH GOBANAA

BARREESSUU

Kaayyoo Barannichaa

Dhuma barnoota kanaatti barattoonni:

- Maalummaa barreessuu ni ibsu
- Jechoota ni barreessu
- Seenaa jireenyaa ni barreessu

Barreessuu

- **Barreessuun maali?**
- **Faay'idaan Isaa hoo maali?**

Gilgaala 1

Bakka Duwwaa Armaan Gadii Guutuu Taasisi!

1. Maqaa Kee Guutuu _____

2.Bakka Dhaloota Kee _____

3.Maqaa Mana Barumsaa kee _____

4.Hawwii Kee Gara Fuulduraa_____

Gilgaala 2

Maqaa Bineeldota Manaa Shan Barreessi

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____

Deebii

1.Harree

2.Farda


3.Hoolaa

4. Re'ee

5. Loon


6. Saree

Gilgaala 3



Gilgaala

- Barreessuu



Seenaa Jireenyaa

- **Yeroo seenaa jireenya keenyaa barreessinu;**
  - **Maqaa guutuu**
  - **Bara dhalootaa**
  - **Iddoo dhalootaafi magaalaa**
  - **Maqaa haadhaa guutuu**
  - **Baay'ina obbolaa dhiiraa**

Kan Itti Fufe…

- **Baay'ina obbolaa durbaa**
- **Kutaa amma barataa jirtu**
- **Gosa barnootaa irra caalaatti jaallattu**
- **Sam.1ffaa meeqaffaa akka baate**
- **Gara fuula duraatti maal tahuu akka feetu**

Fakkeenyaaf

Maqaan koo Fittaalee Ejereen jedhama. **Bara 2000 magaalaa Caffee Dansaattiin** dhaladhe. **Haati tiyya Roobee Nagawoo** jedhamti.Obboleewwan **dhiiraa tokkoofi dubaraa laman** qaba.Ani amma **kutaa 4 barachaan jira.** Barnootan baradhu **hunda nan jaalladha.**Bara kana **sam.1ffaatti 2ffaan** bahe.Gara fuula duraatti **ogeessa fayyaa** tahuun barbaada.

Gilgaala 4

Seenaa Jireenyaa keen keeyyata tokko barreessi

Cuunfaa

Barnoota keenya har'aa keessatti:

- **Barreessuun maal akka tahe**

- **Seenaa jireenya ofii akkamitti akka barreeffamu**